Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate



Elsaa'ii, Nama Hojii Dinqisiisaa

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Lazarus, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Qonnaa fi qotiyyoo ga'aa hin jiru.

Tokko oltu barbaachisa. Kun qonnaan bulaa dargaggeesa dhaabuu hindandeenye! Bakka qotiyyoo isa tokko hir'atee of buuse. Qonnaan bulaa jabaa ta'e.





Akkuma Elsaa'iin qotuu eegaleen, ergamaa Eliyaas dhufee isa waame. Namichi dargageessi sun qonna isaa dhiisee garbicha Waaqayyoo ta'uuf duukaa bu'e.

3



Guyyaa tokko, konkolaataan ibiddaa fardeen ibiddaa wajjin qilleensa jabaadhaan gara waaqaatti Eliyaasiin ol-fudhatame. Amma Elsaa'iin raajii Waaqayyoo warra Israa'el ta'e.

4



Sababa Eliyaas biraa olfudhatameef Elsaa'iin in gaddus, akka Eliyaasitti humna isaaf laatuuf Waaqayyoon kadhate.

5



Wayyaa Eliyaas irraa bu'e sana fuudhe akkuma Eliyaasitti yammuu bishaanichaan rukututti bishaanichi garasii fi garanatti in hirame; Elsaa'inis in ce'e.

Elsaa'iin akka Waaqayyo isa waliin jiru bare.

6

Utuu Elsaa'iin gara magaalaa Bet'el jedhamtu olba'aa jiru, "Ijoolleen saafelli tokko namicha mataa luqqa'aanan ol ba'i jechuun itti ga'isan." Elsaa'in garbicha Waaqaayyoo ta'uusaa dhimma hin qabaanne ture.

7

Waanti nama rifaasisu isaan irratti ta'e. Amaakiti dhaltuun lama bosona keessaa ba'anii ijoollota sana keessaa afurtamii lama in caccabsan.

8

Haadha hiyyeessaa qarshii isheen deebisuu hindandeenye liqeeffate tokko turte.



Namichi qarshicha liqeessef ilmaan ishee akka garbaatti fudhatee akka isaaf tajaajilan taasifachuu barbaade. Haati hiyyeessaa kun waan gootu dhabdee guyyaa tokko Elsaa'ii bira deemete. Attamitti sigargaaru jedheen?



Dhaqii qodaa duwwaa hundumaa olla kee irraa ergifadhuu ……," jedhe Elsaa'iin. Waaqayyo waan gaarii dubartii kanaaf raawachhuf kun hundumtuu ta'e.

Haati hiyyeessaa sun dhadhaa ejersaa cuggee xinnoo tokko mana keessaa qabdi ture. Garuu cuggee xiqqoo sana keessaa qodaa duwwaa ollaadhaa walitti qabde guutuuf! Guyyaa sana dhaqina dhiqatu yoo ta'e Waaqayyo qodaa duwwaa sana inguuta jettee yaaddaa? Dhadhaa ejersaa gurgurtee ilmaan ishee oolfate.



Dubartii biraaan fi abbaan manaa ishee mana isaanii keessa bakka Elsa'iin yeroo achiin darbu bulu kutaa addaa qopheessaniif. Kuticha keessa siree, gabatee, barcuma bakka ibsaan taa'u kaa'aniif. Yeroo hundumaa kutaan sun Elsaa'iif qabamaadha.



Elsaa'in garraamummaa abbaa manaa fi haadhamaa sana ajaa'ibsiifachuu akkamitti akka dudda isaanii deebisu yaade. Akka isaan mucaa hin qabne bare. "Bara eger yoowwana, kaasuutti ilma in baadhatta," jedheen. Isheen garuu garbittii hin gowwoomsin jette.



Waggaa muraasa booda mucaan abbaa isaa waliin dirree irra ture. "Mataa koo, mataa koo," jechuun mucaan iyye. Yeroo mucicha gara haadha isaa fidan, hamma dhiyutti gudeeda haadhaa irraa taa'uun du'e. Siree kutaa Elsaa'iif ijaarame keessa jiru irra mucicha ciibsite. Eenyutu ishee gargaara danda'a jettee yaaddaa?

Elsaa'iidha jetttee? Akkas jennaan sirriidha! Elsaa'ii barbaachaaf harree irra baatee ariitii guutuun imalte. Elsaa'iin gara ishee dhufe, Waaqayyoon mucaa isheef kadhate. Waaqayyo lubbuu mucaa deebisee jiraataa taasise.



15



Abbaa duulaa mootii Sooriyaa maqaansaa Na'amaan jedhamu jiraata ture. Inni loltuu jabaa ulfina qabeessaa ta'us garuu dhukkuba lamxii qaba ture.

16

Haati manaa Na'amaan xomboree xiqqoo Israa'el irraa booji'amte tokko qabdi. "Na'amaan utuu raajii Israa'eliin keessaan wal arge dhibee lamxii kana irraa in fayyuu danda'a," jette xomboreen .

17

Na'amaan all tokko dhaqee akka daawwatuuf of qopheesse. Meetii, warqee, uffata akka badhaasaatti fudhatee deeme.



18

Elsaa'iin nama itti ergee, "Dhaqii laga Yordaanositti si'a torba dhiqadhu, foon kee deeb'ee in marga atis in qulloofta," jedheen. Na'amaan baayyee aare Kun dhugugaadhuma anattii gad ba'ee, lagooonni laga Israa'el hundumaa irra wayyu mitii ree Sooriyaa? jedhee aaree gara manaatti deebi'ee in sokke.

19



Akka tasaa namoota isa waliin jiran akka inni ajaja Elsaa'ii akka raawwatuuf itti himan. Achumaan Na'aam laga Yoordaanos dhaqee si torba itti dhiqatee ba'uun dhibee lamxii qaama isaa irra ture irraa fayye. Isa booda Na'aam Waaqa isa dhugaa waaqesse, Waaqa Elsaa'ii, waaqa isa lamxii irraa isa fayyise.

20



Erga du'ee boodaa illee lafeen garbicha Waaqayyoo Elsaa'ii hojii Waaqa hojjete. Waggoota dheeraa dura bakka Elsaa'in itti awwaalame holqa keessa guyyaa tokko namichi awwaalame yeroo lafee Elsaa'ii isa awwaalame sana tuqu miilla isaan ola ka'ee dhaabbate.

21



Humin guddaa Waaqayyoo garbicha isaa amantii dhugaan isa tajaajile, Elsaa'iin dhugaatti mul'ate.

22

Elsaa'ii, Nama Hojii Dinqisiisaa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Macaafa moototaa isa lammaffaa 2-13

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

23

Xumurameera

25 60

24

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'ufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16

25